SEERONNI KUNNEEN HAALA IMMIGIREESHINII (BAQACHUU) FI IDDOO KUBBAANIYYAAN NEETWORKII (THE NETWORK COMPANY) JIRU OSOO HIN ILAALIN HOJJETTOOTA NI EEGU.KUBBAANIYYAAWWAN NEETWORKII SEEROTA KANNEEN KABAJUU QABU.HALOO BAHUUN SEERAAN ALA.

Seattle Office of Labor Standards

# Beeksisa Mirgoota 2024 kan Hojjettoota Aappii Irratti Hundaa'anii

Beeksisni kun appilikeeshinii ykn waltajjii (platform) kubbaaniyaa networkii sarara interneetii irraatti afaan Ingiliffaa fi afaan (ota)) hojjetaan dubbatamaniin kennamuu qaba.

## SEERONNI KUNNEEN EENYUU ILAALLATU?

Hojjetoota Aappii irratti Hundaa'an kan **kubbaaniyyaa neetworkii** haguuggamaa Seattle keessatti argamuuf kan yoo xiqqaate hojjettoota aappii irratti hundaa'an 250'f addunyaa guutuutti qacaruuf haala mijeessuuf hojjetan. Kubbaaniyyaa Neetworkiin Haguugame:

- Maamiltoota hojjettoota aappii irratti hundaa'an waliin wal-qunnamsiisuuf appilikeeshinoota ykn waltajjiiwwan sarara interneetii irraa fayyadama;
- Hojjettoota aappii irratti hundaa'aniif ni dhiyeessa; fi/ykn
- Beenyaa hojjettootaa aappii irratti hundaa'aniiff kenniinsa tajaajilota ni mijeessa.

"Kubbaaniyyawwan Neetworkii iddoo gabaa (Marketplace Network Companies)" kanneen adda durummaan dhiyeessiiwwan dursanii sagantaan baheef dhiyeessan, maamiltoonni odeeffannoo hojii hojjettoota aappii irratti hundaa'an waliin akka waljijjiiran hayyaman, hojjettoonni aappii irratti hundaa'an reetiiwwan mataa isaanii akka kaa'an hayyamanii fi dhiyeessiiwwan maayilii deemamaee fi yeroodhan hin hordofinaa hin **uwwifame**.

## HOJJETTOOTA AAPPII IRRATTI HUNDAA'ANIIF KAFFALTII XIQQAA

Hojjettoonni Aappii Irratti Hundaa'an "yeroo ramadame" fi "maayilii ramadameef" kaffaltii gadi aanaa akka argatan mirga kenna.

### YEROO RAMADAME

**Kubbaaniyyaawwan neetworkii fedhii irratti hundaa'an ykn dhiyeessiiwwan gaaffii ykn fedhii irratti hundaa'an:**

- Hojjetaan aapii irratti hundaa'e dhiyeessicha yeroo fudhatu jalqaba.
- Hojjetaan dhiyeessicha yeroo xumure, dhiyeessichi yeroo haqamee ykn hojjetaan sababa qabaatee dhiyeessicha yeroo haqee dhaabbata.

**Kubbaaniyyaawwan networkii ykn dhiyeessiiwwan biroo hunda:**

- Hojjetaan aappii irratti hundaa'e tokko bakka dhiyeessii keessatti ibsame irratti hojii yeroo eegalu ykn gabaasuu jalbaba.
- Yeroo hojiin xumuramu, dhiyeessichi yeroo haqamu ykn hojjetaan sababa qabaatee dhiyeessicha yeroo haqu ni dhaabbata.

# MAAYILII RAMADAME

Yeroo ramadame keessatti maayilii deemame

**Kaffaltiin xiqqaan dhiyeessii tokkoof kaffalamu kan armaan gadii keessaa isa guddaa ta'eedha:**

**$0.44/daqiiqaa + $0.74/maayilii**

—YKN—

**$5.00**

Yoo dhiyeessi tokko Siyaatil keessatti jalqabe, hojjetaan sun yoo xiqqaate yeroo fi maayilii ramadameef hundaaf kaffaltiin xiqqaa ni kaffalamaaf. Yoo dhiyeessi tokko Siyaatil keessatti hin jalqabne ta'ee garuu dhaabbiiwwanykn tajaajiloota hojiin walqabatan tokko tokko Siyaatil keessatti kan hammatu ta'e, kaffaltiin xiqqaan yeroo fi maayilii ramadame daangaa magaalaa Siyaatil keessa jiru qofa irratti hojiirra oola.

**KUBBAANIYYAAN NETWORKII "FEDHII IRRATTI HUNDAA'E" YKN "DHIYEESSIN FEDHII IRRATTI HUNDAA'E MAALI"?**

Kubbaniyyaanykn dhiyeessii dhuunfaa tajaajiloota meeshaa geechisuu ykn biroo kennu erga hojjetaan dhiyeessicha fudhatee eegalee sa'aatii 2 keessatti jalqabuu qabu.

## KUBBAANIYYAAN KUN:

- ☐ Kubbaniyyaa networkii fedhii irratti hundaa'e
- ☐ Kubbaniyyaa Neetwork Iddoo Gabaa
- ☑ Kubbaniyyaa networkii, garuu kanneen armaan olii keessaa lachuu miti

## Mirga sagantaa jiijjiiramaa qabaachuu

Hojjettoonni aappii irratti hundaa'an yoom akka argamanii fi dhiyeessiiwwan kam akka fudhatan/didan murteessuuf mirga qabu. Kubbaaniyyawwan networkii hojjettoota armaan gadii irratti tarkaanfii hamaa fudhachuu hin danda'an:

- Sa'aatii itti argaman kan daangeessan
- Dhiyeessi hojii kamiyyuu fudhatan ykn didan
- Dhiyeessii tokko sababan kan haqan

## MIRGOOTA QARSHII QABALATAA KAN TAJAAJILAA MAAMILA IRRAA ARGACHUU (TIPPING)

Hojjettoonni aappii irratti hundaa'an waa'ee imaammata qarshii dabalataa kan tajaajilaa maamila irra argachuu kubbaaniyyaa sana ilaalchisee odeeffannoo ifa ta'e argachuuf mirga qabu.

- Aappichi maamiltoonni dursanii qarshii dabalataa kan tajaajilaa (tip) akka kennan kan hayyamu yoo ta'e ibsuu qaba
- Maamiltoonni erga hojiin xumuramee booda qarshii dabalataa kan tajaajilaa sirreessuu ykn haquu akka danda'an ibsuu qaba
- Qarshiiwwan dabalataa kan tajaajilaa maamila irraa argaman hunduu hojjettoota aappii irratti hundaa'aniif kaffalamuu qaba
- Qarshiiwwan dabalataa kan tajaajilaa maamila irraa argaman (Tips) kaffaltii xiqqaa irratti hin lakkaa'aman

## MIRGA ODEEFFANNOO ARGACHUU

Kubbaaniyyaawwan networkii kanneen armaan gadii hojjetaadhaf kennuu ykn maamilli kennuu isaamirkaneessuu qabu:

- Tilmaama yeroo fudhatee fi maayilii deemame
- Kaffaltii xiqqaa wabii qabu
- Hamma qarshii dabalataa kan tajaajilaa maamiloonni ni kaffalaa jedhan kamiyyuu
- Maqaa dhaabbilee daldalaa dhiyeessiin kun itti dhaabachuu qabu
- Odeeffannoo hojii namaan raawwatamuu ilaalchisee barbaadamu (fkn ulfaatina meeshaalee, gulaantaawwan gamoo)
- Qabiyyeewwan hin saamsamne tokko tokkoo kan ajajoota sarara internetii irratti taasifamuu ilaalchisee odeeffannoo jiru

# MIRGOOTA IMAAMMATA ITTI FAYYADAMA SOBAA

Hojjettoonni Aaappii irratti hundaa'an imaammata itti fayyadama sobaa kubbaaniyyaa networkii fi hojjetaan eessatti argachuu akka danda'u ibsu ifa ta'e argachuuf mirga qabu.

# YEROO DHUKKUBBII FI YEROO SABABA MIIDHAATIN NAGEENYAAF HOJIIRRAA HAFAMU

## HOJJETTOONNI AAPPII IRRATTI HUNDAA'AN MIRGOOTA ARMAAN GADII QABU:

- Yoo xiqqaate guyyaa 30 Siyaatil keessatti hojjetameeni guyyaa yeroo Dhukkubbaa fi Sababa Miidhaatin Nageenyaf Hojiirra Hafamu (Paid Sick and Safe Time, PSST) tokkoargachuu
- PSST argachuuf guyyaa Siyaatil keessatti fudhachuun geessan ykn fiduun buusan kamiyyuu lakkaa'uu
- Beeksisa ji'a ji'aan kan PSST, hamma waliigalaa ykn dimshaashaa, kan itti hojiirra oolee fi hanga kaffaltii PSST ibsu
- Guyyaa PSST tokkoon tokkoon hojiirra olaaniif hamma beenyaa giddu-galeessaa guyyaa guyyaan kaffalamu isaanii argachuu
- Sa'aatii 24 gidduutti boqonnaa fudhachuu
- Sirna dhaqqabamaa PSST fayyadamuu, hubachuu fi gaafachuuf gargaaru

## YEROON BOQONNAA KAFFALTII QABU SABABOOTA ARMAAN GADITIIF HOJIIRRA OOLU DANDA'A:

**YEROO DHUKKUBBAA:** Ofii isaaniif ykn miseensota maatii isaaniif beellamoota yaalaa dabalatee haala fayyaa qaamaa ykn sammuu isaanii kunuunsuuf

**YEROO SABABA MIIDHAATIN NAGEENYAAF HOJIIRRAA HAFAMUS:** ababoota ofii isaanii ykn miseensota maatii miidhuu, kan akka jeequmsa maatii, miidhaa saalaa, hordoffii ykn tuttuqqii hin barbaachisne, ajaja abbaa taayitaa fayyaa hawaasaatiin walqabatee cufamuu hojii, manni barumsaa ykn bakki kunuunsaa yeroo cufame

## MIRGA BEENYAA HIN KAFFALAMNE MORMUU

Kubbaaniyyaawwan networkii hojjetaan aappii irratti hundaa'e sababoota hayyama hin qabneen PSST yoo fayyadame beenyaa kaffaluu dhorkuu danda'u. Hojjettoonni aappii irratti hundaa'an yeroon dhukkubaa fi sababa miidhaatiin nageenyaf hojiirraa hafamu kaffaltii qabu kaayyoo hayyamameef akka itti fayyadaman mormuu fi mirkaneessuuf mirga qabu.

# MIRGOOTA KEESSAN BEEKA

## HALOO BAHUUN DHORKAADHA

Seerotni kunneen hojjettoonni aappii irratti hundaa'an mirgoota kanneenitti boharuu ykn itti fayyadamuu isaaniitiin haaloo ba'uu irraa ni eegu.

## MIRGA KOMII GALCHUU

Hojjettoonni aappii irratti hundaa'an yoo kubbaaniyyaan neetworkii haguugame seera kana cabse komii gara Waajjira Sadarkaawwan Hojjettootaa (Office of labour standards, OLS) dhiyeessuuf ykn himata mana murtii banuuf mirga qabu.

# QUNNAMTII: WAAJJIRA SADARKAAWWAN HOJJATAA

## KubbaaniyyaawwanNeet workii

Deeggarsa teeknikaa fi/ykn leenjii argadhaa

## Hojjettoota Aappii Irratti Hundaa'an

OLS'tti Komii dhiyeessaa ykn Mana murtiitti himata banaa

**206-256-5297**

**www.seattle.gov/laborstandards**

Seattle Office of Labor Standards

**810 Third Ave, Suite 375**
**SEATTLE, WA 98104**
**Sa'aatii:8:00 AM– 4:00 PM (WIIX–JIM)**
**LABORSTANDARDS@SEATTLE.GOV**

Ergamni Waajjira SadarkaawwanHojjetaa (Office of Labor Standards), hirmaannaa hawaasaa fi daldalaa hubannoo qabuun, raawwii tarsiimoo fi imaammata kalaqaan qopheessuu fi haqaa sanyii fi hawaasummaaf kutannoo qabaachuudhaan sadarkaa hojjetaa tarkaanfachiisuudha.

Waajjirri sadarkaaHojjettootaa qaama miidhamtootaaf hiikkaa afaanii, turjumaanaafi tajaajiloota jijjiirraa dabalataa (accommodations) ni kenna.